ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT جبهة تحرير أورومو

Guyyaa: 3 Amajjii 2012 Lakk. 001/ABO/12

Kan Harka Lafa Jalaan Hojjetamaa Ture Ifatti Himamuun Ajaa'iba Miti

Murni Jijjiirama ofiin jedhu sagantaa fi kaayyoo bilisummaa fi walabummaa Oromiyaa haqe jechuun labsa yommuu baafatu ABOn haala deemaa jiru laalchisee ejjennaa isaa irra deebi'ee ibsuun barbaachise.

Ganna kurnan duraan ABO keessatti ilaalcha kaayyoo irratti garaagarummaan jiraachuu isaa addeessaa turre. Rakkoon kaayyoo uumame kunis, akkuma ammaan tana ifa bahee jirutti, kanneen kaayyoo bilisummaa ganan ifattii dhaabbii isaanii labsachuu sodaatanii afaaniin bilisummaaf dhaabanne jechaa dalagaa isaanitiin garuu faallaa qabsoo bilisummaa Oromoo mirkaneessuu filachuu isaanii ture.

Akka ilaalcha keenyatti gareen Jijjiiramaa ifatti sagantaa walabummaa Oromiyaa sagantaa ABO keessaa haqne jechuun waan haaraa ta'e nutti hin mul'atne. Sagantaan gareen Jijjiirama labse jedhu kun sagantuma waggoota kudhanan dabran oliif Shanee Gumii waliin gaafa turan saganteeffatanii Oromoo fudhachiisuuf irratti bobba'aa turanii adda bahinsa isaanitiin harkifate dha.

Shanee lamaanuu(Shanee Gumii fi Jijjiramaa) har'aan tana bakka lamattii wal haa qoodan malee hanga yeroo dhihootti walumaan kaayyoo bilisummaa Oromoo dabsanii ganna kudhaniin ol qabso qancarsan. Har'aan tanas kaayyoon isaanii kanuma gartuun Jijjiiramaa labsaa jiru kana. "Manifestoo ABO" kan jedhamu sanas walumaan qopheeffatan. Amma garuu waljala galagalanii wal dorgomaa jiran.

Kan nama ajaa'ibu garuu, yeroo nuti haqaa fi dhugaa jirtu ummata Oromootiif dhiheessinetti, Shaneeleen lamaanuu garaagarummaan kaayyoo hinjiru jedhanii ummata keenya afaanfaajjessaa turan. Labsa Jijjiiramaa caalaa kan aja'iba ta'u garuu, warri Shanee akka waan Jijjiirama waliin dhaabbii tokko hin qabnetti Jijjiirama balaalefachuun kaayyoo walabummaa Oromiyaaf kan quuqaman fakkaatanii as bahuuf abbaluu isaaniiti.

Dhugaa yoo dubbanne tarkaanfiin warri Jijjiiramaa ifatti labsan dirqama Shanee waliin gaafa turan waliin karoorfatan akka ta'e sabboontotni dhugaa mooraa kam keessahuu jiran ni qalbifatu jenne amanna. Dal'ansuun Shanee kan ta'uu danda'u durfamuu isaaniitii fi Jijjiiramni mammilla isaan yeroo dheeraa dura kaadhimatan jala hawwatuu qofaa ta'a. "Waraabessi biyya isa hin beekne deemee kal'oo naa afaa jedhe" kan jedhan sana argaa jirra.

P.O.Box 21762, Washington DC, 20009, USA Tel: (202)-521-5653
E-mail: waajjira@oromoliberationfront.info
www.oromoliberationfront.info

Shaneeleen Gumii gartuu Jijjiramaa mormanii labsa baasuun dansa. Haa ta'u malee, bakka rakkoo hangafa ta'e kaayyoo ABO irratti ejjeennaa isaanii ifa gochuu qaban. Jarrii lamaanuu hire murteeffannaa jedhu. Hiree murteeffannaa isa kam kan jedhu xaliilchu qaban jenna. Kanaaf jecha ummatni Oromoo haguuggii kana irratti dammaqee waamicha isaanii jalaa diduu qaba.

Of duuba hiixanne seenaa as dhihoo yoo yaadatne hoogganuma Shaneetiin, walabummaa biyyaatiif qabsaa'un kaayyoo dulloomaa dha jedhu. Kaayyoo walabummaa jedhu yoo laganne addunyaa biratti dhagahama argatna, qabsoon Oromoo ni shaffisa, alagaan hogganummaa Oromoo fudhate nu jala hiriiira; akkasumas Mallasaa battalatti kuffisna abjuun jedhu lallabamaa ture. Walabummaa Oromiyaaf dhaabbachuun boodatti hafummaatti ololamaa turuun waan hundi quba qabu dha.

Abjuun Shanee fi Jijjiiramaa kun, abjuu ta'uu irra dabree akka jedhame qabsoo hin shaffisiisne. Inumahuu, ABO dadhabsuu irra dabree mooraa qabsoo Oromoo jeeqe; hariiroo Oromoo gidduu boresse; alagaa biratti ‘'maqaan ummata guddaa, garuu dadhabaa adda qoodame‘' jedhu nu horachiise.

Maxxannummaan seenaa qabsoo Oromoo keessatti haaraa miti. Akkuma ummatootni addunyaa tokko tokko gufuulee akkasii keessa hulluuqanii bilisummaa isaanii gonfatan ummatni Oromoos rakkoo isa mudate jabinaan keessa dabruun dirqama. Kan nu irraa eegamu maxxanummaa duuba, diinni, wali irratti bobba'un umrii gabrummaa saba keenyaa akka dheeressinuuf kiyyoo nuu kaa'e keessatti deebinee akka hinkufne dha.

Waan ta'eefis humna nufacaasuuf bobba'e, gurmuu sabboonummaa injifatnoo har'a argatne nu gonfachiise deebisuun dura dhaabbachuuf ka'u qabna. Sabboontotni dhugaa walabummaa Oromiyaaf dhabbatne golee keessatti qoodamnee jirru keessaa walitti haadeebinu. Osoo yeroon ka ammaa caalaa hindabrin saba keenya akkuma kaleessaa walii wajjin boonsuuf haa hiriirru.

Karaa biraan, amma illee mooraan qabsoo Oromoo warra akeeka fakkaataa tarkaanfachiisan irraa akka hin qulquloofne irraanfachu hin feesisu. Mufannoo tarkaanfii warri Jijjiiramaa uuman keessa gugatnee bu'a buufatna kan jedhuun bilisumaaf kan dhimmaman fakkaatanii warri yeroo bitachuuf wixxifatan akka jiran irraanfachu miti.

Kanneen Oromiyaa dhiisanii Itiyoophiyaatti galan karaan dugda indaaqqoo haa ta'uuf. Kanneen bilisummaa Oromootti amannu hundinuu bakka hundaatti harka wal haa qabannu. ABO dhugaa jalatti wal haa gurmeesinu. Balaa hamaa tokkuumma keenya, qabsoo bilisummaa keenyaa fi dhaaba kallacha qabsoo Oromoo ABO irratti aggaammatamee jiru teenyee ilaaluu hin qabnu.

Garbummaa hadhaawaa maqaa Itiyoophiyaa jedhamu kanaan ummata keenya irratti jigee jirus hundinuu ni beeka. Yoo nuti dirqama keenya bahuu dadhabne kanneen Itiyoophiyaatti nu jijjiiruuf qabsaawan ni milkaawu jecha.

Humnoota walabummaa Oromoofis dhaamsa tokko qabna. Murteessaan warri karaa alagaa filatan heddomachuu ykn jabaachus miti. Murtessaan nuti warri walabummaa biyya keenyaaf dhaabbatne maal gochaa jirraa dha. Bilisummaatiin kan nu dhaqabu kaayyoo xaliilaa walabummaa Oromiyaa aragamsiisuuf qabsa'u jalatti ABO dhugaa keessatti haa ijiaaramnu. Haa qabsoofnnu.

Oromiyaan ni bilisomti!

ADDA BILISUMMAA OROMOO